**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v2i2.1152**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 17-38**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Ga'ee Safuu Xabboo Ijaarsa Hawaasaa Keessattii: Oromoo Maccaa Xiyyeeffachuun

Margaa Gammadaa

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

## Axereraa

*Qorannoon kun, Oromoo Maccaa keessatti ga'ee safuun xabboo ijaarsa hawaasaa keessatti qabu kan qoratedha. Kaayyoon isaas ga'ee safuun xabboo caasaa hawaasaa itti fufiinsaan sirneessee ijaaruu keessatti qabaachaa ture xiinxaluudha. Saxaxni qorannoo kanaa sanyaabsa ta'ee, dhiyaannaa akkamtaan kan hojjetamedha. Ragaaleen barbaachisaan, namoota beekumsa safuu xabboo ga'aa qaban gandoota Daaloo Koomtoofi Haroo Caalchis keessaa, mala iddattoo akkayyoofi darbaa dabarsaan, abbootii Gadaa, haadha siiqqeefi maanguddoota filatamanirraa walitti qabame. Meeshaalee ragaan ittiin funaaname, afgaaffii gadi fagoo, marii garee xiyyeeffannoofi galmee waa'ee safuu sakatta'uun kan qindaa'e. Ragaalee qaacceffaman kanarraa argannoon ijoo mul'ate, safuun hariiroo hawaasaa ijaaruu; naamusaafi amala gaarii dagaagsuu; sadarkaa umrii garaagaraatti kabaja Oboofi Cooraa tiksuu; fedhii, mirgaa dhala namaa tiksuu; eenyummaa dagaagsuufi waldhabdee hiikuu; qabeenya uumamaa eegsisuun ittifufsiisuu keessatti ga'ee inni qabaachaa ture olaanaa ta'uu adda ba'eera. Haata'umlee, yeroo ammaa kana Oromoon Maccaa safuu xabbootti dhimma ba'uun sona, falaasama, ijaarsa hawaasaafi eegumsa naannoof taasisaa jiru laafaadha. Kanaaf, safuun beekumsi xabboo, rakkoolee kanneen sirneessuuf ga'ee olaanaa waan qabuuf, gama imaammata mootummaafi barnootaan xiyyeeffannoon itti kenname ammayyummaan walbira qabuun osoo itti dhimma ba'ame dagaagina ittifufiinsaa dinagdeefi hawaasa biyya kanaaf bu'uura ta'a.*

## Article Information

**Article History:**
Received: 27-08-2024
Revised: 18-09-2024
Accepted: 18-11-2024

***Jechoota Ijoo:*** safuu, *ijaarsa, hawaasa, beekumsa, xabboo*

**Qorataa Muummee:* Margaa Gammadaa

*E-mail:* margaa.gammadaa445@gmail.com

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Beekumsi xabboo barsiisa dhaloota irraa dhalootatti darbaa dhufedha. Maddi beekumsa kanaas, waan afuuraafi eebba abbootii durii irraa dhaalameen walqabata (Wandimu'f kaan, 2015). Hangafoonni garee hawaasaa madda beekumsa xabboo, aadaafi duudhaati (Absolon, 2010). Hangafoota kanaan ala, beekumsa xabboo tursiisuun hindandaa'amu. Sababiin hangafoonni afoola dur durii, seeneffama, oguma, beekumsaafi muuxannootiin dhalootatti waan lufsiisaniif (Eshete, 2022).

Beekumsi duudhaa kun mul'ata, abjuu, ayyaaneffannaa, faaruu, weelluufi weedduu garaagaraa, dhiichisaafi kadhaa Waaqaa keessaan mul'ata (Shelema, 2018). Beekumsi xabboo, beekumsa saayinsii, seenaafi beekumsa artii osoo hintaane beekumsa jiraataa, beekumsa muuxannoofi hunda galeessaa kan garee hawaasaa kamiifuu banaa ta'edha. Fakkeenyaaf, beekumsi xabboo durii kaasee Oromoo keessa jiraataa jiru beekumsa xabboo sirna Gadaa addunyaaf gumaachedha (Tesema, 2016). Sirni Gadaa Oromoo kun beekumsa xabboo Waaqeffannaa/amantaa, aadaa, siyaasa, dagaagina hawaas-dinagdeefi jiruufi jireenya maraa ofkeessatti hammata. Kanaaf, Wandimu'fi kaan (2015) Sirni Gadaa, sirna aslii Oromoo keessaa madde jechuun ibsu.

Tenna (2013), Kuwee (2007) wabeeffachuun, sirna kana keessatti qaroomina Oromoon yeroo dheeraa kuufatee qooddatuufi raawwatu keessaa inni tokko Waaqeffannaadha. Waaqeffannaan hubannaa, qalbeeffannaafi dhugeeffannaa jiruufi jireenya Oromoo mul'isudha (Workineh, 2013). Akka, ilaalchaafi falaasama Oromoottis, Waaqni – ayyaana isaatiin uumamoota uume (Asafa, 2012). Ayaannis uumaafi uumamoota gidduutti madaalliin akka jiraatu seera safuun eega (Dirribii, 2012).

Seerri safuu ammoo, sadarkaa caasaa hawaasaa keessatti akkaataa Oromoon uumaaf, walii isaafi madaallii uumamaa ittiin qajeelchudha (Melaku, 2016, Tesema, 2012, OCTB, 2006'fi Daniel, 1983). Kanaaf, akka ilaalcha Oromootti yaadrimeen safuu jedhu waan kallayyaa yookaan yaada qabatama hinqabne osoo hintaane, gocha ilmi namaa raawwatu mara wajjiin kan wal-qabatu, daandii sirriifi qajeelaa, kan karaa jireenyaa gaaritti geessu ta'uu (Gemechu, 2003) ibse. Haaluma kanaan, Bartels (1990) safuun uumamni samiifi ardii keessaa hundi bakka mataa isaanii akka qabaataniifi bakka isaanii qofa qabatanii akka sirnaan adeeman kan

qajeelchu ta’uu ibse. Kana jechuun, safuun seera namootaan hintumamne, kan Waaqni uumamaan nama keessa bulchudha (Kuwee, 2007).

Firaol (2012), safuun seera hariiroo uumaafi uumama giddutti gochoota ta'uu qabaniifi hinqabne adda baasudha. Seerri kun caasaa hawaasaa keessatti, ofiifi nama biraa, angafaafi quxisuu, warra, gosaafi lammii, gidduu kabajni akka jiraatu kan eegudha. Safuun aadaa cidhaa, buttaa, ayyaaneffannaa, waldhabdee, nyaataafi gochoota biroo keessatti seera itti raawwatanidha (Geremew’fi Hunduma, 2018). Kanaaf, Tenna (2013) safuun seera Waaqaa uumamni ittiin kunuunfamu, kan dhalli namaa (Oromoon Maccaa) caasaa hawaasummaa keessatti ittiin walbulchuufi waltiksudha (Tenna, 2013). Akkasumas, Bartels (1983) safuun uumaafi ayyaana irraa kan adda hinbaane, sadarkaa dhuunfaafi hawaasummaatti qajeelfama naamusaafi amala gaarii kennuun eenyummaa dagaagsu, sona aadaa-hawaasaafi uumama kunuunsuuf gargaaru ta’uu ibse.

Darbee, Gebeyehu (2022) safuun namummaafi eenyummaa, sansakkaafi amala dhalootaa qajeelchuuf gargaara. Safuun xabboo, Oromoon dur eenyuufi maal fakkaataa akka ture, yeroo ammaa maalirraa akka jiruufi eenyummaa akkamii akka qabu kan agarsiisudha (Shelema, 2018). Kana jechuun, safuun jireenya qabatamaa Oromoo qajeelchuu qofa osoo hintaane, akkaataa itti yaadu, itti dubbatu, akkaataa Waaqa waliin hariiroo itti qabaatu, ilaalcha falaasamaa, barsiifata lagannaafi amantaa hawaasichaa kallaattii qabsiisa (Gebeyehu, 2022).

Safuun xabboo, akkaataa walitti dhiyeenyaafi yaada sammuu walxaxaa hubachuun nama rakkisuun kan uumame ta’ee, jiruufi jireenyiifi amalli Oromoo hundi kan keessatti mul’atudha (Workineh, 2013). Kun ammoo, beekumsa duudhaa ofkeessatti hammatee sona, jiruufi jireenya uummatichaa tiksee, eegee dhalootatti ceesisa (Dasta, 2020). Keessi jireenya dhala namaa inni dhugaan, sonaafi waan dhugaa keessoo namummaa keessatti haguugamee jiruun walqabata (Gemechu, 2013). Haata’u malee, namoonni isa nama keessaa irratti osoo hintaane, isa mul’atu irratti xiyyeeffatu. Wantoonni ammayyummaa qabatamaan bakkeetti mul’atan, safuu isa eenyummaa jireenya dhala namaa qajeelchuufi too’atu caalaa beekama (Kidanu, 2016). Ta’us, safuu beekumsa xabboo isa madaallii uumamaa eeguuf humna guddaa qabu kana ammayyummaan walbira qabanii itti dhimma ba’uu dhiisuun, of ta’uu dhiisuu waliin walbikka (Asafa, 2012).

Keessumaa, namoonni safuu duudhaa irratti hubannaafi beekumsa hinqabneefi hawaasa aadaa safuun ijaarame keessatti hinguddanne faayidaa safuun qabuuf falmuu/ ibsuu hindanda'u (Tenna, 2011). Namoonni akkasii, kanneen aadaa ammayyummaa warra dhiyaan liqimfamanii, sonaaleen beekumsa xabboo uummataa akka waan boodatti hafaafi dulloomaa ta'etti yaadanidha. Akka yaada kanaatti, beekumsa bu'uuraa uummaticha beeksisutti dhimma ba'uu dhiisuun, beekumsa xabboon miira ofitti amanummaa akka hinguddifanneefi madaallii eenyummaafi uumama akka hineegne taasisa. Eenyummaa ofii dagataa deemuutti geessa; manca'iinsa hariiroo aadaa-hawaasaafi uumamafis sababa ta'a (Gebeyehu, 2022).

Kanaaf, barbaachisummaan qorannoo kanaa, dhaloonni waan ammayyummaafi safuu walbira qabee rakkoo qabatamaa hariiroo namaafi uumamaa keessatti ka'uufi gaaffii battalaaf furmaata kennuu akka danda'uuf beekumsa gumaachuu. Akkasiumas, dhaloonni akka qabeenyaafi falaasama hawaasaatti madaallii uumamaa tiksuu keessatti ga'ee safuun qabu adda baasuun, gara addunyaa qabatamaa jiruufi jireenyaatti fiduun akka itti dhimma ba'uu yaada dhiyeessuu. Kana malee, akkaataa itti dhaloonni eenyummaa isaafi naamusa gaarii dagaagfataa deemu toora qabsiisuuf gargaaru irratti fuulcha beekumsaa gumaachuudha.

Kana waan ta'eef, kaayyoon qorannoo kanaa ga'ee safuun xabboo ijaarsa aadaa-hawaasaafi madaallii uumamaa tiksuu kessatti qaabu xiinxaluudha. Gaaffileen qorannoo kanaan deebii barbadan: 1) Safuun xabboo aadaa-hawaasaa ijaaruu keessatti ga'ee akkamii qabaa? fi 2) Oromoon safuu xabbootti gargaaramuun akkaamitti madaallii uumamaa tiksa?

## 2. Malleen Qorannichaa

### Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun, ga'ee safuun xabboo ijaarsa aadaa-hawaasaafi madaallii uumamaa tiksuu kessatti qaabu xiinxaluuf, saxaxa ibsaa *(explanatory)* dhimma ba'ame. Sababni, akkaataa Oromoon Maccaa seera safuu itti ilaalu, hubatu, hiika itti kennuufi itti dhimma ba'u xiinxaluuf waan mijatuuf (Denzin & Lincoln, 2000). Paradaayimiin qorannoo kanaa, warra sirrummaa *(positivist)* ta'ee, mala akkamtaatti gargaaramun akkaataa Oromoo Maccaa seera safuu itti ilaalu, hubatuufi hiika itti kennuun kan xiinxalamedha. Sababiin dhugummaa odeeffannoo dhiyaatuu ilaalamuu, safaramuu, tilmaamamuu, to'atamuu, seeraafi haala qoqqoodamuufi sababeessa itti kennuuf waan gargaaruuf (Creswell, 2014).

**Mala Iddattoofi Iddatteessuu**

Qorannoon kun Oromoo Maccaa keessaa Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Waayyuu Xuqaa irratti kan qoratamedha. Aanaa kana filachuun kan barbaachiseef, bakka wiirtuun Gadaa torban Leeqaa (Gadaa: Hallee, Caalchis, Koraa, Mucucoo, Caffee Canoo, Lubaafi Tulluu Dongii) itti argamu waan ta'eef. Gadaa torban Leeqaa kanneen keessaa Haroo Caalchis Wiirtuudha. Haata'u malee, wiirtuu kanaaf Gumiin Shanee salgii kallattii waan hojiirra hinjirreef, namoota dhimma kana irratti hubannoo qabu jedhaman mala kaayyeffataan Aduula Gadaa shan (5); odeeffannoo dabalataaf ammoo, mala darbaa dabarsaatiin maanguddoota (5)fi hawwan 5 ganda Haroo Caalchisiifi Daaloo Koomtoo keessaa filatamaniiru. Kanarraa kan ka'e, malleen lamaan kanaan dhiiraa 10fi dhalaa 5 filatamaniiru.

**Meeshaalee Funaansa Ragaalee**

Qorannoo kanaaf, odeeffannoo walitti qabuuf afgaaffii gadfageenyaa, marii garee xiyyeeffannoofi sakkatta'a harshammeetti dhimma ba'ame. Meshaalee afgaaffii gadifagoofi marii gareetti dhimma ba'uun kan barbaachise, fuulaa fuulaatti beekumsaafi odeeffannoo qabatamaa od-himtoota irraa walitti qabuufidha (Gay, Mills and Airanian, 2009). Mala sakkatta'a harshammeetti kan dhimma ba'ameef ammoo, dhimma safuu irraatti ragaalee barreeffamaan kuufamanii jiran sakatta'uun qaaccessuufidha (Berg, 2001). Meeshaaleen ittiin guuraman kunneen ciminaafi hanqina mataa isaanii qabu. Kanaaf, hanqina inni tokko qabu isa tokkoon guutuun yaalameera.


**Mala Ragaalee Qaaccessuufi Xiinxaluu**

Ragaaleen malleen akkamtaan funaanaman akaakuudhaan ijoo ijootti qoqqoodamanii qaacceffaman (Berg, 2001). Kunis odeefannoo mala akkamtaan od-himtoota irraa guurame gara barreeffamaatti jijjiiruun mata duree ilaallatu jalatti xiinxalame (Gay, Mills & Airanian, 2009). Malli odeefannoo hiikuu kunis waa'ee dhimma qoratamuu sirriitti ibsuu danda'a jedhamee waan amanameef filatamaadha. Meeshaalee oliti ka'aniin ragaaleen guuraman seecca'amee kaayyoo qorannoon walsimsiisuun erga qaacceffamee, argannoofi goolabaan qindaa'eera.

**Ibsa Naannoo Qorannichaa**

Oromoo Maccaa bakka bal'aarra kan jiru ta'ee giddu galeessa biyyattii irraa kaasee kallattii dhiyaan hanga daangaa Sudaan Kiibbaatti kan jiraatudha. Oromoon Waayyuu hidda dhalootaa Oromoo Maccaa keessaa tokko ta'ee, Bulchiinsa W/Bahaa keessaa Aanaa Waayyuu Xuqaatti argamudha. Aanaan kun

Godina W/Bahaa keessaa kallattii Bahaan, magaalaa Naqamtee irraa Km 12 irratti kan argama. Karaa Kaabaa Aanaa Guutoo Giddaa, Dhiyaan B/M/Naqamtee, Bahaan Aanaa Gobbuu Sayyoo, Kibbaan Aanaa Waamaa Agaloon daangeffama. Bal'inni lafaa Aanaa kanaa km² 40, 539. 45. Haalli qilleensaafi teessumni lafaa, badda-dareen 49(% 66), baddaan 38(%23)'fi gammoojjii 13(%11) ta'ee, lafa qonnaa, bosonaafi tulluuwwan ofkeessaa qaba. Aanaan Waayyuu Xuqaa jiraattota hedduu dhiira 38108fi dhalaa 39863 waliigala namoota 77971 argam. Haalli jireenya hawaasa Aanichaa irra jireessaan qonnaan bultoota ta'ee ganda baadiyyaa 10fi B/M/ lama (2) qofa.




## 3. Argannoowwaniifi Ibsa Qorannichaa

### 3.1 Ga'ee Safuu Xabboo Ijaarsa Aadaa-Hawaasaa Keessatti

#### Ijaarsa Hariiroo Caasaa Hawaasaa Keessatti

Adeemsa ijaarsa hariiroo hawaasaa keessatti Oromoon Maccaa tartiiba/gulantaa hidda dhalootaa itti ijaarrattu qaba. Akka odeeffannoo jaarsolii irraa hubatametti safuun ijaarsa hariiroo *Oboofi Cooraa* keessatti, ga'ee mataa isaa qaba. Kana irratti, yaanni (Fufaa Wadaajoo) dhiyaate, *daa'imman, ijoollee, soolanaafi saafela, qeerroofi qarreetti, ga'eessa, gameessa, jaarsa, maanguddoo*fi kan kana fakkaatan jechuun gulantaa umrii ijaaramu hubatame.

Kun ammoo, qorattoonni umrii bu'uura godhachuun caasaa gulantaa sirna Gadaa Maccaa *Dabballee, Ittimakoo, Foollee, Qondaala, Luba, Yuuba, Jaarsa Gadamoojjii* jechuun barreessaniin walfakkaata (Asafa, 2012). Caasaaleen kanneenis, dabaree dabaree umrii isaaniitiin safuu bu'uuraa baratu/barsiifamu. Kunis akka Dirriibii (2012) Alamaayyoo (2007) wabeeffachuun ibsetti, Sirna Gadaa keessatti namoonni sadarkaa maatiifi gosaatti, gulantaa *Oboofi Cooraa* keessa jiran keessatti barsiifamu. Sadarkaan kun ammoo, caasaa hawaasaa bu'uuraan ijaaruun bakka itti eegalu ta'uu isaati. Kana

malee, caasaa gulantaalee umrii kana keessatti, waan gaarii ta'een ala, waantota gadheefi badaa yaadaan, dubbiifi gochaan safeeffachuu; safuu firaafi alagaa adda baasuun sadarkaa itti barachuu eegalanidha. Maanguddoonni sadarkaa umriitiin garee jiran hundaa gorsuu, safuu barsiisaa akka oolan mirkaneessan (Bayyanaa Dabaloo).

Sadarkaa caasaa umrii *qeerroofi qarreetti* yeroo ce'an ammoo, safuu *Oboofi Cooraa* tartiiba gulantaa/sadarkaa balbalaa, gosaa, qomoo, lammii… isaanii akka baranii safeeffatan galgala galgala barsiifamu (Dassaalenyi Fayisaa). Kana irratti, Kidanu (2016), Bartels (1983)'fi Dafaa (1983) wabeeffachuun, caasaa ijaarsa hariiroo *Oboofi Cooraa* qomoo haantee keessaa akka ta'e ibse. Akka yaada kanaatti, hiddi dhalootaa karaa abbaafi haadhaa hanga jilba kudhaniitti jiran *Oboofi Cooraa* waliiti; isaan waliif hedatamu jechuun balballoomse.

Kana malee, caasaalee ijaarama hawaasaa keessatti kanneen seera safuu cabsan adabbii isaan eeggatuufi akaakuu safeeffatamu od-himtoonni ragaalee gadii kana ibsaniiru.

| Lak | Akaakuu safuu | Adabbii nama safuu Dabsee |
|---|---|---|
| 1 | Gara malee nama ajjeesuu | Hangafoota gosaan qoratamee murtii uummataaf dhiyaata |
| 2 | Hatuun | Qoratamee godaannisni /seelkoon/ illee irratti baafama |
| 3 | Sobuu | Qoratamee qoqqobbii uummataaf dhiyaata. *Ijoolleefi loon isaa/ishee kan namaa waliin hinoolan; yeroo dhukkubaa, du'aa… hintumsamu* |
| 4 | Sagaagaluu/ ejjuu/ miriixuu | Finna, fira aantee waliin yoo raawwate/tte. dhiirri cidhaanti tumama; dhalaan. kofati gubama. |
| 5 | Kofa uummataa saaquu/ Icciitii uummataa diinaaf kennuu/ Diinaaf uummata basaasuu | Harki duubatti hidhamee muka solooloo kessa loosuun, citaa (cidiin) irra tuulamee namni hundi guca tokko tokko itti qabsiisa |

Madda: (Dassaalenyi Fayisaafi Cheerinat Waaqwayyaa) irraa

**Ijaarsa Hariiroo Gaa'elaa Keessatti**


Oromoon Maccaa adeemsa ijaarsa caasaa hariiroo gaa'elaa keessatti safuu eegu qaba. Akka Kabbadaa Takilee eeranitti, sadarkaa caasaa umrii *qeerroofi qarreetii* kaasee maatii, maanguddoota, jaarsoliifi hangafootaan gareenis ta'e dhuunfaan gorsi isaaniif kennama. Kun immoo, sadarkaa umrii garaagaraa irra caalaa safuufi safeeffannaan dhalootaa akka hindabneef ijaarsa gaa'elaaf xiyyeeffannoon kennamu guddaa ta'uu mul'isa. Kanarraa kan ka'e, *qeerrooniifi qarreen*, gulantaa umrii isaaniitiin yoo abbaan *Oboo* ta'e, ilmaan *Cooraa* ta'uu, yoo

abbaan *Cooraa* ta'e ammoo, ilmaan *Oboo* ta'uun gaa'elli ijaarama (Cheerinat Waaqwayyaa). Kanarraa kan hubatamu, ilmi *Oboo* keessa jiru intala *Oboo* keessaa malee *Cooraa* keessaa fuudhuu kan hindandeenye yoota'u, jifuudhaanis, ilmi *Oboo* haadha manaa *Oboo* akka isaatii waliin ciisuu malee kan haadha manaa *Cooraa* bira ga'uun safuudha *(haraamuudha)*. Kana malees, *Oboon* haadha manaa *Cooraa* yookaan *Cooraan* haadha manaa *Oboo* duunaan yoo bulche safuudha *(haraamuudha)* (Gemechu'fi Assefa, 2006). Kana ta'ee, safuun cabnaan, abaarsiifi adabbiin Waaqaa akka isaanitti dufutti amanan (Kidanu, 2016'fi Asafa, 2012).

Kanatti dabaluun, odeeffannoo (Galaanaa Ayyaanaa) irraa waanti hubatame, ilmi gulantaa *Oboo* keessaa gaafa fuudhu, waa'ila (miinjee) ta'uu kan danda'u gita isaa *Coora* keessaa filata. *Cooraanis*, akkasuma *Oboo* keessaa filata. Kanaaf, waa'illi intalaaf filatamu sun isheef akka abbaatti yookaan akka obboleessa angafatti ilaalama. Kanaaf, mana isaa deemtee yoo ooltee bulte safuu hinqabu; inaaffaas hinqabu; firooma qulqulluudha. Abbaan manaa yoo lole isatti baqatti. Miinjeen akka abbaa lubbuutti lakkaa'ama. Garuu, seera safuu cabsee yoo bira ga'e akka seera Gadaatti adabbiin isa eeggatu baay'ee ulfaataa akka ta'e (Tesema, 2016) ibseera.


Kana malees, caasaa *Oboofi Cooraa* maatii: warra, balbala, gosaafi lammii ijaaruu kessatti ga'ee safuun qabu olaanaa ta'ee tartiiba angafaafi quxisuu, kabajaa, ijaarsa gaa'elaaf hanga jilba torbaatti akkaataa caatoo armaan gadiin kan ijaaramu ta'uu od-himaan (Cheerinet Waaqwayyaa) ibseera.

Oboofi Cooraan hanga jilba 7/10'tti deema. Hundi waliif hedatu.




Madda: (Cheerinet Waaqwayyaa)

Caasaa- 1. Ilma 2. Abbaa 3. Akkaakayyuu 4. Abaabayyuu 5. Akaakilii 6. Abaabil….. 7.Akiliifi …. agarsiisa. Kanneen keessaa, Jifuu: 1, 3, 5, 7 fi 2, 4, 6 obbolaan, waarsaa waliiniifi waahila Gaa'elaatti waliif ooluun walhedatu/ safeeffatu.




**Hariiroo Angafaafi Quxisuu Keessatti**

Akka Oromoo Maccaatti, ijaarsa hariiroo aadaa hawaasaa keessaa caasaa angafaafi quxisuu gidduutti qabu irratti odeeffannoon (Warqiisaa Guutuu) irraa funaanameera. Innis quxisuun angafa safeeffachuun seera safuuti. Quxisuun *Obboofi Obbiyyoo* jechuurraan kan hafe hagafa maqaa waamuun safuudha. Hangafni quxisuu qalbii horachiisa; hubannaatti cimsa; seenaa darbe itti hima; sooree, gorsee amala gaariin guddisa. Akkasumas, hamaa biyyatti dhufe irratti, gorsuun ofitti amanannaa akka horachiisa. Tesema (2016) hangafni quxisuutti kabajaafi ulfina agarsiisuun nama seexaa qabu ta'ee akka guddatu waan taasisuuf, hangafti quxisuu

biratti akka safeeffatamu qorannoo isaan agarsiiseera.

Kana malees, warri duraa kanneen booda isaanii afaan barsiisu; akka hatanii safuu cabsanii hinqaanofne, akka boolla galanii hincabne… gorsanii guddisu (Daallasoo Garbiifi Warqiisaa Guutuu). Kanarraa waanti hubatame, hangafni sodaafi ulfinaan akka safeeffatamu kan mul'isudha. Kun immoo safuun hariiroo angafaafi quxisuu keessatti kabaja, walitti dhufeenya maatii, dagaagina naamusaafi jaalalaa cimsuu irratti ga'ee olaana kan qabu ta'uu isaati (Dasta, 2021).

Kabajni jireenya maatiifi hawaasummaa keessatti baay'ee barbaachisaadha. Yaada kana Kidanu (2016) Hailu (1997)'fi Dafaa (1983) wabeeffachuun yoo barreessu qe'ee ulfinni keessa hinjirre salphaa akka ta'e eeree jira. Kun kan agarsiisu, Oromoon maatii, warra, balbala, gosaafi lammii isaaf kabajaa safuun egamu qabaachuu isaati. Kabajni kun ijoolleefi maatii, abbaa, haadhaafi ijoollee, quxisuufi angafaa,… gidduutti raawwatama.. Kabajni hariiroo hawaasaa gidduu jiru kun, kabaja safuu walii isaaniif qaban agarsiisa. Asafa (2012) kabajni eenyummaa hawaasaa ciminaan ijaaruu keesatti ga'ee olaanaa akka qabu ibseera.

| **Hangafoota** | **Ga'ee hangafoota safeeffatamanii** |
|---|---|
| Maatiifi Warra keessaa | Akka abbaafi haadhaatti gorsuu, guddisuu, sooruu; |
| Gosa keessaa | Dura bu'oota gosoota keessaa filuufi filchiisu, irreeffachiisu, dursa malkaa ce'u, walga'ii gosaa gorsu, Aduulota Gadaafis gorsitoota. Akka abbaafi haadhaatti gosoota gorsuu, kunuunsuu, sooruu, ararsuu… |
| Caalmaa Umrii | Jaarsaafi Jaartiin umriin gara Waaqaatti waan dhiyaataniif… Dabballeetii haga sad. Gadaatti jiran gorsu… |
| Ogeessotaa ogummaa (sibiila, boca, wayyaa, kuula, suphee…) hojjetan | Badii gosaafi biyyatti dhufe saaxiluuf, hafarsaataa keessatti dubbii jalqabuuf, murtii namoota safuu cabsan (hattuufi basaastu biyya gurgurtu) abaaruufi qoqqoobu. Meeshaa waraanaafi gaachana waan qopheessaniif safuu angafummaa qabu. |

**Araaraan Hawaasa Ijaaruu Keessatti**

Akka Oromoo Maccaatti ga'ee beekumsi safuu xabboo araara keessatti qabu ilaalchisee ragaaleen guuraman qaacceffamaniiru. Innis akka (Galaanaa Ayyaanaafi Duree Garbaa) himanitti, safuun hariiroo hawaasaa keessatti

jibbaafi komeen akka hindagaagne dhorka. Akka ilaalcha Oromoottis, waldhabdee uumamoota gidduutti mudatu furuuf safuuniifi jaarsi araaraa nisafeeffatama. Sababiin, Waaqeffannaatiin safuu akka qajeelchituu seeraatti ofkeessatti qabatee jiruuf, gochaalee nagaa buusuu, araara gochuu, jaalalaafi walta'iinsa waliin jireenya hawasaa dagaagsuu irratti waan hojjetuuf (Gemechu, & Dereje, 2020). Yaada kana Negasa (2022), Kuwee (1997) wabeeffachuun akka ibsetti, aadaan araaraa Oromoon qabu sodaa seera safuun (Waaqaan) dhugummaa irratti hundaa'a. Dhugaa baasanii, seera Gadaan tumameen murtiin kennama. Kun faayidaa safuun haala jireenya hawaasummaa mijeessuufi ijaaruu keessatti qabu kan agarsiisudha.

Kana malee, ga'ee safuun adeemsa raawwii araaraa, kadhaa Waaqaa, yeroo intala kadhataniifi kan kana fakkaatan keessatti qabu olaanaadha. Kanaaf, "*yaa Waaqi siif safuudhaa nutti araarami; lafa keenyatti araarami… Waaqni araara jaallata; araarriifi nagaan kan Waaqaatti,"* jedhama (Fufaa Wadaajii). Kunis bakka safuun adeemsa raawwii araaraa keessatti qabu agarsiisa. Tenna (2013) safuun araara uumaafi uumamaa hawaasa gidduu ijaaruuf faayidaa qabeessa akka ta'e ibseera.

Yaada od-himtoota kanarraa kan hubatamu inni biroon meeshaalee safuutti gargaaramuun hawaasa keessatti araarri kan ijaaramu ta'uu isaati. Meeshaaleen safuu kunneenis, *Bokkuu*, *Kallacha*, *Caaccuufi Siiqqee* jedhamu. Yaada kana akka Negasa (2022); Dirribii (2012)fi Asafa (2012) barreessanitti, waldhibdeefi rakkoon namaafi uumaa, namaafi uumama biroo giddutti uumamu meeshaalee safeeffataman kana qabatanii yoo kadhatan Waaqinni ni'araarama, uumamnis ni'araarsa.

Kanaaf, akka Oromoo Maccaatti walitti bu'iinsi hawaasa gidduutti yoo uumame, namoonni ayyaantuu ta'an, *Kallaachaafi Caaccuu* qabatanii dirree beekamaa ta'etti bahuun "*safuun kan Waaqaafi lafaati*; *safuun kan Caaccuufi Kallaachaati"* jechuun araara kadhatu. Kana jechuun, meeshaaleen kunneen hagam Waaqaafi lafa biratti akka safeeffataman mul'isa., Akkasumas, Gebeyehu (2022); Gemechu'fi Dereje (2020) meeshaaleen safeeffannaa araaraan hawaasa ijaaruuf ga'ee isaan qaban ibsan.

### Mirga Ijoolleefi Dubartootaa Tiksuu Keessatti

Akka aadaa Oromoo Maccaatti, safuun mirga ijoollee, mirga dubartootaafi mirga maanguddootaa tiksuu irratti qabu xiinxalameera. Ragaan (Bayyanaa Dabaloofi Xajjituu Dinagdee) irraa argame, sirna Gadaa

Maccaa keessatti dubartiin safuu qabdi. Kanaaf, dhiira waliin mirga walqixxaa qabdi. Kun kan agarsiisu, adeemsa ijaarsa caasaa hawaasaa keessatti seerri Gadaa Maccaa tumame, dhiirriifi dubartiin mirga walqixaa qabaachuu isaanii mul'isa (Tesema, 2016).

Kana malee, *seera muka laaftuu tumuun* ijoollonni, dubartoonniifi maanguddoonni warri humna hinqabne safuun kunuunfamuu akka qaban mul'isa (Dassaalenyi Fayisaafi Jijee Mararaa). Fakkeenyaaf, dubartoota waraanatti erguun safuudha (Muluken, 2021). kana ilaalchisee Tesema (2016) '*Ijoolleefi dubartiin diinummaa hinqabdu*' jedhamee waan amanamuuf, dubartoonniifi ijoollonni garee diinaallee ajjeesuun akka safuutti ilaalama. Akkasumas, gama waldhibdee dhiiraafi dubartummaa gidduutti uumamuun dubartiin himata yoo dhiyeessite, himanni ishee xiyyeeffannaan kan dhaggeeffatamu akka ta'e himan (Cheerinat Waaqwayyaafi Dhibbisee Gadaa). Kunimmoo, dubartiin yakka dhiirri dhoksaan ishee irratti raawwatu gadi baastee himachuun akka waan dhugaa qabduutti waan amanamuuf, mirga himachuufi dhageettii qabaatachuu ishee agarsiisa (Wandimufi kaan, 2015).

Kana malee, dubartiin yoo namni harka isheetti du'e hinadabamtu. Adabuun safuun daangeffamaadha. Kan beenyaa kaffaluuf abbaa manaati. Yoo abbaa manaa hinqabaanne ilma angafaa, kanas yoo hinqabaanne maatii, warra, firoota keessaa gatii gumaa baasuun bilisa baati. Kanaaf, "*dubartiin Waaqatti aantee kabajaa (safuu) qabdi*" waan jedhaniif nisafeeffatamti (Dhibbisee Gadaafi Daallasoo Garbii). Akka Oromoo Maccaatti, dubartiin sababa tokko malee ta'e jettee akka yakka hinhojjennetti akka amanamu (Muluken, 2021; Wandimufi kaan, 2015) barreessaniiru.

Akka Oromoo Maccaatti duuti diira tokkoo du'a dhiira biroo waliin walqixa ta'ee yoo ilaalamu, duuti dubartii tokkoo ammoo du'a dhiirota sagalii waliin akka walqixa ta'eti fudhatama. Akkasumas, dubartoonni waraanni lolaaf yeroo bahu nyaata dhiyeessuufi madaa loltootaa miicuun kan deeggeranidha (Warqiisaa Guutuu). Kun ammoo, Oromoon Maccaa biratti, dubartiin ittifufsiiftuu dhalootaati jechuun waan amanamuuf safuufi kabajaa qabaniif agrsiisu (Workineh 2013); safeeffannaan mirgi dubartootaa tikfama (Muluken, 2021).

### 4.2 Ga'ee Safuu Xabboo Eegumsa Madaallii Uumamaa Keessatti

**Safuu Kunuunsa Lafaa**

Walitti dhufeenya lafaafi safuun qabu ilalchisee odeeffannoon walitti qabame

xiinxalameera. Kanneen keessaa raagamtaan lafaan walqabate dhiyaachuun xiinxalamee jira. *Innis "Waaqni dhala namaa jalqaba Madda Walaabuutti uume. Namni uumame sunis seera namaafi uumamootaa eegee akka jiraatu seerri safuun kenname. Seerri kunis, fedhii dhala namaafi uumamaa kan eegu, kan tiksuufi qajeelchu ta'ee, dhalootaa dhalootatti darbee kan jiraatudha*" (Cheerinat Waaqwayyaa). Kun kan agarsiisu, seera Waaqni Oromoof kenne, kan uummaticha waliin jiraatu ta'uu isaati. Innis fedhii uumamaa dhiibbaa tokko malee kan eegu ta'uu isaati (Dirribii, 2012). Karaa biraatiin, Oromoon Maccaa walitti dhufeenya Waaqa waliin qabutti aansee, walitti dhufeenya inni safeeffannaa lafaa waliin qabu, hunda caalaa guddaa ta'uu (Wandimu fi kaan, 2015) ibsan.

Addisalem'fi kaan (2018) safuun Waaqaafi safuun lafaa *safuu abbaafi safuu haadhaan* akka walbikku eeran. Kana jechuun, *Waaqni safuu qaba, abbaan safuu qaba; lafti safuu qabdi, haatis safuu qabdi*. Safuu keessatti *w*alitti dhufeenyi Waaqaafi lafaa, walitti dhufeenya abbaafi haadhaa agarsiisa (Gebeyehu, 2022). Kanarraa kan ka'e, Oromoon Maccaa lafa isaa akka *biyyaa abbaa keenyaa* jechuun jaalalaafi kabajaa qabuuf safeeffannaan waama. Kana jechuun, seen-duubee hidda dhalootaa agarsiisuudha (Dassaalenyi Fayisa). Akka yaada kanaatti, lafti dhalootaan daddarbaa kan dhufe, darbee dhaloota fuul-duraa kan dhaalchifamu ta'uu agarsiisa (Workineh, 2013). Oromoon Maccaa, qaamni namummaa abbootiifi hakaakilii isaanii lafa/qe'ee isaanii irratti waan hawwaalamaniif lafa akka waan qulqulluutti fudhata (Wake, 2019).

Akka aadaatti ilmi/intalli dhalattu abbaatti waamamti. Kanaaf, *'abbaan gaaddisa; abbaan dhadhaabbata, abbaan kafana* …jedha. Tenna (2013). Kanaaf, Oromoo Maccaa biratti lafti akka haadhaatti akka hormaata kennitutti waan fudhatamuuf *lafa mancaasuun cubbuudha– safuu cabsuudha;* uumaa Waaqaa waliin walitti buu'uudha jedhu (Bayyanaa Dabaloo). Kun kan agarsiisu, haati gaafa garaatti baattuu kaastee dadhabbii guddaan deessee soortee waan guddiftuuf, kabajaa olaanaa akkuma kennamuf, laftis sanyii ofkeessaa biqilchitee soortee guddisuun walbira qabuun safeeffachuu agarsiisa. Kanaaf, Tenna (2013) kabajaa lafaafi haadhaa, *lafaaf safuu, haadhaaf safuu* jechuun akka safeeffatan mikaneesseera.

Oromoon Maccaa yeroo dhugaa barbaadu "*Waaqniifi lafti dhugaa kee haafaradu, dhugaa koo Waaqaafi lafatti laadheera" (Xajjituu Dinagdee)* jedha. Kun akka dhuunfaattis ta'e akka hawaasaatti murtii

haqaa yoo barbaade, lafti Waaqaan walqixxee akka murtii kennitutti amana. Kun ammoo, amantaa dandeettii murtii haqaa Waaqaafi lafaa irratti qabu ibsa (Wake, 2019). Kun kan agarsiisu, jiruufi jireenyi Oromoo Maccaa kallattiinis ta'e al-kallattiin Waaqaafi lafa waliin kan walitti hidhatu ta'uu isaati. Sababiin lafti Oromoo Maccaa biratti akka maddaa jireenyaa, guddinaafi badhaadhinaatti waan ilaalamuuf (Wake, 2019). Kanarraa kan ka'e, Oromoon lafaaf safeeffannaa kabajaafi gatiin guddaa kenna (Melaku, 2016).

**Safuu Kunuunsa Bishaanii**

Safeeffannaa Oromoon Maccaa bishaanniif qabu irratti ragaalee walitti qabaman xiinxalameera. Kanneenis *"bishaaniifi lafti madda jireenyaati; addaan hinba'an; guddinni uumamootaa bishaan waan ta'ef safuu qaba"* (Galaanaa Ayyaanaa). *"Waaqni ofkeessaa bishaan uumamootaaf dhangalaasa. Laftis ofkeessaa uumamootaaf maddisiifti. Lamaanuu madda bishaaniiti. Bishaan ammoo hormaataafi dagagina uumamootaa waan ta'ef safuu qaba"* (Kabbadaa Takilee). Kun kan agarsiisu, Oromoof bishaan jireenya. Itti fufiinsi jireenya uumatichaas lafaafi bishaaniin akka walqabatu agarsiisa. Kanarraati, Workineh (2011) Gemechu (2005) wabeeffachuun, maddi bishaanii: Burqaa, laga, boolla, garbaafi bokkaa samiiti. Kun immoo, safuu Oromoon Maccaa bishaaniifi lafaaf qabu kan Waaqaaf qabuun akka walqabatu ibsa.

Safeeffannaa bishaanii ilaalchisee raagamtaan tokko akka itti aanutti dhiyateera. *"Waaqni dursa Walaabuun uume. Itti fufee 'bishaan; bishaan irraa ammoo waan hundaa uume. Bishaan Walaabuu kunis bishaan ol-aanuufi bishaan gad-aanu jechuun bakka lamatti adda hire. Bishaan inni ol'aanu, bishaan samiifi samiirraati. Bishaan inni gad-aanu immoo garboota, galaanota, haroowwaniifi maddawwanidha,"* jedhan (Cheerinet Waaqwayyaa).

Akka ilaalcha seeneffama kanaatti, bishaan madda lubbuu hundumaa ta'uu agrsiisa. Osoo Waaqni uumamoota biroo hinuumiin bishaaniin ala waan tokko akka hinjiirredha. Kanarratti, Gemechu (2005), Bartels (1983) wabeeffachuun, bishaaniin ala waanti Waaqni uume yoo jiraate Walaabu qofa. Kanarraa kan ka'e, Oromoon Maccaa biratti bishaan akka madda lubbuu hundaafi bakka argama Waaqaa ta'etti waan fudhatamuuf, safuufi safeeffannaa qaba (Lemessa, 2014).

Yaada kana Addisalem'fi Rajani (2018)fi Tesema (2012) akka ibsanitti, laggeen madda bishaaniiti. Bishaan ammoo, namaafi uumamoota kan biroo akka ittiin jiraataniif Waaqaan uumame. Kanaaf, bishaan Oromoo

biratti amantii Waaqeffannaan walqabsiisuun safeeffatama. Laggeen gurguddoonis ayyaana guddaa qabu. Kanaaf, Bonaa Ganna madduun uumama lafaatiif yoo bishaan dhiyeessan kabajaafi ulfina uumaa isaanii galateefachuun safeeffatu.

Ragaan biroon od-himtootaan dhiyaate ammoo, *"akka amantii Oromoo Maccaatti, uumamonni lubbuu qaban kanneen bishaan ofkeessaa qabanidha. Waaqni bishaaniin lubbuu jiidhina qabu uume. Kan jiidhina qabu, niguddata, nihora. Kanaaf, uumamoota kanneen akka burqaa, tulluu, horaafi malkaatti Waaqa akka kadhataniifi galateeffataniif uumamaman"* (Olaanii Sanyii). Akka ilaalcha Oromoo Maccaatti, bishaan safeffachuuniifi kunuunsanii eeguun kan madde, ilaalcha inni Waaqa biratti qabuun kan walqabatu akka ta'e (Misganu, 2020) ibseera. Kanaaf, uummatichi ogummaatiin kunuunsa barbaabichisu taasisee dhalootaa dhalootatti dabarsa. Kanarraa waanti hubatame, Oromoon Maccaa, akkamitti uumamoota waliin akka itti jiraatu beekumsa xabboo dhaloota har'aallee gargaaru qabaachuu isaati. Beekumsi kun ammoo, yaad-rimee safuu irraa kan horatamedha. Innis akkaataa itti fayyadamaafi kunuunsa uumamaaf taasifamu keessatti ilaalcha uummatichi Waaqaaf qabuun walqabsiisuun ilaaluun nidanda'ama (Wake, 2019).

**Safuu Eegumsa Bosonaa**

Oromoon Maccaa safuu bosonaaf qabuu ilaalchisee ragaaleen xiinxalameera. Ragaan argame akka agarsiisutti, *"gammachuun uummatichaa gadi fageenyaan leensaafi labbeessa (bosonaafi magariisoota) Waaqni uumedha"* (Fufaa Wadaajoo). *"Bosonniifi magarisni safuu qabu; lafa keessaafi lafarratti bishaan qabatanii jiraatu; bishaan ammoo madda jireenya lubbu-qabeessotaati"* (Olaanii Sanyii). Bosonni burqaaf qofa osoo hintaane gabbina lafaatifis ta'e itti fufiinsa madda bishaaniif ga'ee olaanaa akka qabu agarsiisa (Misganu, 2020). Jiraachuufi itti fufiinsa bineeldotaaf Oromoon bosonaafi magarisootaaf bal'inaan kunuunsa taasisa (Workineh, 2011). Kana malee, akka Oromoo Maccaatti, bosonni mana bineensotaati. Mana bineensotaa gubuun ammoo cubbuu guddaa akka ta'etti amana. Kun kan agarsiisu, bosonni dhala namaaf, gammachuufi jireenya kennuurra darbee mana bineensotaa waan ta'eef, mana bineensotaa Waaqni tolchee uume kana gubuun safuu cabsuu akka ta'etti fudhatama (Melaku, 2016).

Kana malee, *"akka duudhaa Oromootti mukootaa guddataa jiran, mukoota kichuufi qajeelaa muruun safuudha. Muka muruun, madda bishaanii waan balleessuuf safeeffatama"* (Galaanaa Ayyaanaa). Kun kan mul'isu, mukootaaf kunuunsa taasisuu hormaata

mukootaa itti fufsiisuufi madda bishaaniif eegumsa taasisuudha. Ittidabalees, bishaan tulluu jalaa burqa jedhanii waan amananiif, mukoota tulluurra jiran muruun safuudha. Akka ilaalcha Oromoo Maccaatti muktiifi lafti walqabatee kan deemudha (Melaku, 2016). Oromoo Maccaa biratti, sababa malee mukoota muruun, akkuma uffannaa namarraa baasuun namummaa namaa mulquutti fudhatama. Biqiloota/bosona lafarraa muranii/ mancasanii lafa duwwaatti hambisuun akka haadha qullaatti hambisuutti ilaalama. Kun ammoo, lafa haadha taate salphisuutti fakkeeffama. Namni uffataan akka miidhagu, laftis biqilaafi bosonaan miidhaga (Melaku, 2016). Mukti itti fufiinsa jireenyaafi mana jireenyaa bineensotaati. Kanarraa kan ka'e, sababa malee muka muruun akka lafa mancaasuutti fudhatama. Kana waan ta'eef, akka aadaa Oromoo Maccaatti sababa malee muka muruun safuudha (Workineh, 2011).

Kanaaf, Oromoon Maccaa mukoota, biqiloota, labbeessotaafi magarisoota hunda safeeffachuun kan kunuunsu sababoota garaagaraan walqabsiiseeti. Kunneenis, Waaqeffannaa (Tesema, 2012), ayyaaneffannaa (Gebeyehu, 2022; Workineh, 2011), mallattoo qulqullinaa (Gemechu, & Dereje, 2020); mallattoo hormaataa (Addisalem'fi Rajani, 2018), qorichummaa (Yadav, 2013)fi fakkoomii dagaaginaati (Workineh, 2013). Mukoonniifi biqiloonni safeeffataman muraasni gosaafi fakkoomii safeeffataman waliin gabatee gadii keessatti dhiyaateera.

Gabatee 1: Fakkoomii mukoota, labbeessotaafi biqiloota safeeffannaan kunuunfaman

| **Mukoota safuu (trees)** | **Maqaa saayinsii** | **Fakkoomii/Mallattoo Safeeffataman** |
|---|---|---|
| *Baddeessaa* | *Syzygium quineense subsp* | *mallattoo gootummaa* |
| *Birbirsa* | *Podocarpus falcatus* | *Mallattoo dagaaginaa, guddinaa* |
| *Harooressa* | *Grewia velutina* | *Mallattoo Bokkuufi Siiqqee* |
| *Harbuu* | *Ficus sur* | *Mallattoo hormaataa* |
| *Hoomii* | *Prunus africana (Hook. f.) Kalkman* | *Mallattoo Waaqqeffannaa (Muka Waaqayyoo)* |
| *Odaa* | *Ficus gnaphalocarpa* | *Mallattoo hormaataa, Waaqeffaannaa.* |
| *Waddeessa* | *Cordia Africana* | *Mallattoo Ulaagaa muka bokkuu* |
| *Walleensuu* | *Erythrina abyssinica* | *Muka qorichaa* |
| **Labbeessota safuu (shrubs)** | **Maqaa saayinsii** | **Fakkoomii/Mallattoo Safeeffataman** |
| *Abbayyii* | *Maisa lanceolata* | *Mallattoo dhibaayuu* |
| *Anfaarree* | *Buddleja polystachya Fresen* | *Muka Gadaa, kan hamtuu maqsu* |
| *Ulumaayii* | *Clausena anisata (Wild.) Benth* | *Muka uulmaa, muka siiqqee* |
| *Urgeessaa* | *Premna schimperi* | *Mallattoo qulqullinaa* |
| **Biqikoota safuu (herbs)** | **Maqaa saayinsii** | **Fakkoomii Safeeffataman** |
| *Coqorsa* | *Cynodon nemfuensis* | *Mallattoo hormaataa, araaraa, eebbaa* |
| *Kusaa'ee* | *Lippie javanica* | *Mallattoo qulqullinaa, dhibaayiif oolu* |

Madda: od-himtoota irraa

## Safuu Kunuunsa Bineeldotaa, Ilbisootaafi Simbirrootaa

Oromoon Maccaa bineeldota, simbirrootaafi ilbisootaaf ilaalchaafi safuu akkamii akka qabuufi akkamitti akka kunuunsa taasisu irratti

ragaaleen walitti qabameera. Odeeffannoon argme, *"Waaqni Walaabuutti aansee, bishaan uume; bishaan ammoo madda bineeldotaa, biqilootaafi lubbu qabeeyyii birooti. Kanaaf, blubbu qabeeyyiin uumama Waaqaa waan ta'aniif, safuu qabu"* (Cherinat Waaqwayyaa). Akka yaada kanaatti, uumamoonni hunduu, toora uumamaa isaaniirra akka jiraatan, Waaqayyoon akka isaan uume; uumamoonni kunneenis ayyaana mataa isaanii kan qabaniifi safuun qajeelfamu. Kanaaf, safuun dhala namaa qofa qajeelchuuf kan dhaabbatu osoo hintaane, uumamoota lubbu qabeeyyii (bineeldotaa)fi kan biroofillee toora isaanii irratti kan tiksu akka ta'e (Gebeyehu, 2022'fi Dasta, 2021) ibsan.

Kanaaf, safuun seera Waaqaa waa maraatti kan fudhatamuufi uumamni hundinuu ayyaana Waaqarraa isaaniif kennameen nageenyaan toora isaaniin akka jiraatan kan qajeelchudha (Gemechu, 2013). Fakkeenyaaf, namni akka ayyaana isaaf keennameetti waa raawwata; ayyaana kanneen biroos kabaja. Akkasuma, uumamni hundinuu bakka, waan nyaatan…fi akkaataa, ayyaanni isaanii isaan qajeelchutti jiraatu (Lemessa, 2014). Amantaa kanarraa ka'uun, lubbuu bineeldotaa hinballeffamu. Yookaan akka isaan itti fufanii hinjiraanne hintaasifaman. Akka amanta Oromoo Maccaatti, lubbuu Waaqni uumamoota keessa kaa'e baasuun safuudha (Dasta, 2020).

Kana waan ta'eef, bineeldonni garmalee hinhajjeefaman. Akka malee, ajjeesuun safuudha. Inni ajjeefamu akkamittiifi yoom akka ajjeefamu addaan qoodanii raawwachuu dhabuun seera uumamaa, hariiroo namaafi qabeenya uumamaa akka jeequufi diigu taasisa (Misganu, 2020). Haata'u malee, Oromoon Maccaa sababa addaafi nyaataaf akka ajjeesaniif kanneen Waaqni eeyyame akka jiru amanu. Fakkeenyaaf, loowwan, re'ee, hoolaa, andaaqqoo, gaala, kuruphee, bosonuu… kanneen kormaafi guddina dhaaban fa'i. Bineensota nyaataaf hinoolle ammoo ajjeesuunis ta'e nyaachuun safuu akka ta'e tapha ijoollee keessaan akka barsiifaman (Workineh, 2013) ibseera.

Haata'u malee, akka amantaa Oromoo Maccaatti, bineeldota guddinarra jiran sokkeefi soolana, bineeldotaa dhaltuu, rimaafi dorrobaa itti fufiinsi hormaataa akka addaan hincinneef ajjeesuun safuudha (Misganu, 2020). Kanneen sookkee ta'an keessaa nyaataaf barbaachisaa taanaan ajjeesuun yoo barbaachise, safuu eegachuuf maanguddootni akka mariisifamu ta'a.

Kana malee, Oromoon Maccaa bineensotaa, ilbisootaafi lubbu-qabeeyyii xixiqqaa ijatti

mul'ataniifi kanneen hinmul'anneefillee safuu qaba. Fakkeenyaaf, Oromoon yeroo midhaan walitti qaban, osoo qarmii hinhambisiin sassaabuun safuudha. Sababiin, jaldeessonniifi qamaloonni kanneen harka Waaqaa eeggataa jiraatan waan nyaatan waan hiqabneef, yeroo midhaan walitti qabamu qarmii keessatti akka hambifamuuf taasifama. Akkasumas, Oromoon Maccaa hoomisha walitti qabate yeroo obdiitti calleessu, guutummaa guutuutti obdii keessaa ququlleessee kaasuun safuudha. Sababiin sinbirroonni harka Waaqaa eeggatan akka soorataniif waa muraasni obdii keessatti nihambifama. Bifuma walfakkaatuun, Oromoon Maccaa yeroo nyaata qopheeffatee maaddiitti dhiyeeffatu, xiqqoo kutee osoo gadi hindarbatiin nyaachuun safuudha. Sababiin ilbisoonniifi kanneen ijatti hinargamne lubbu qabeeyyonni harka Waaqaa eggatan wan jiraniif isaaniif akk soora ta'uuf yaadameeti. Kunimmoo, Oromoon Maccaa lubbu qabeeyyii jijjaboonis ta'e xixiqqoon uumama Waaqaa waan ta'aniif, sodaa Waaqaaf qaburraa kan ka'e, safeeffannaan akka madaallii isaanii eegu agarsiisa (Asafa, 2012).

Akkasumas, Oromoo Maccaa biratti uleen lafa dhaanuun, ol utaalanii lafa dhiituun safuudha (Dassaalenyi Fayisaa, Olaanii Sanyiifi Duree Garbaa). Kun kan agariisu, Maccaan biratti haatiifi lafti walbira qabamanii kabajamu. Akkuma, haadha dhaanuun safuu ta'e, lafa dhaanuunis akka safuu ta'etti ilaalama. Dabalee, akkuma haati dhala namaa luubu-qabeessa garaatti baattee deessee guddiftu, laftis lubbu qabeeyyota ijatti hinargamne ofkeessatti qabatti. Kanaaf, haadhas ta'e lafa dhaanuufi dhiituun lubbuu xixiqqaa Waaqni keessatti uume balleessuu waan ta'eef, lamaanuu nisafeeffatamu. Kanaaf, Wake (2019)'fi Workineh (2013) haatiifi lafti itti fufsiistuu dhalootaa waan ta'aniif Oromoo Maccaan akka safeeffataman ibsan.

## 5. Goolabaafi Yaada Furmaataa

### Goolaba

Qorannoo kun akkaataa Oromoo Maccaa safuu beekumsa xabbootti dhimma ba'ee, aadaa-hawaasaa itti ijaarrataa tureefi walitti dhufeenya uumaafi uumamoota gidduutti madaallii eegaa ture kan qoratamedha. Akka ilaalcha Oromoo Maccaattitti walitti dhufeenyi uumaafi uumamaa kan addaan ba'ee hinjiraannedha. Madaalliin walitti dhufeenya uumaafi uumamaa kun ammoo kan tiksamu seera safuu Waaqni uumamootaaf gumaacheenidha. Akka Oromoo Maccaatti seerri safuu kan addunyaa jiruufi jireenyaafi caasaa ijaarama (hariiroo hawaasaa, gaa'ela, angafaafi quxisuu, araaraafi mirga dhala namaa) isaa kan ittiin geggeeffatu, dagaagfatuufi tikfatu keessaa isa tokko.

Oromoof safuun qaama seeraafi qajeelfama dhiyaannaafi amala dhala namaa jireenya isaa guutuun walqabatudha. Kana waan ta'eef, Oromoo biratti safuun akka ibsa, qajeelfama, aadaa, eenyummaa, itti gaafatamummaafi kan dogoggoraafi sirrii, badaafi gaarii adda baafachuuf ittiin of gaafatanidha.

Safuun kun, dhala namaaf qofa osoo hintaane, uumama biroofis kan dhaabbatudha (Gebeyehu, 2022). Kanaaf, Oromoon Maccaa uumamoota hundumaa akkaataa toora uumama isaaniitti kabajaa kennuufiin safeeffata. Uumamootni naannoo isaa, kallattii sirrii irra akka jiraatan ittiin qajeelcha. Kanarraa kan ka'e, uummanni kun, jireenyi gaarii kan ta'uuf galumsa safuu uumamootaa eegu keessatti akka ta'e amana. Safuu uumamootaa eeguun ala jiraachuun walitti dhufeenya inni Waaqa waliin qabu akka abaaramutti amana. Kanaaf, safuun seera Waaqaa hunda galeessaa ta'ee, akkaataa uumamoota hunda waliin jiraatu kan ittiin murteeffatudha. Waanti hundinuu, tooraafi tartiiba isaaf keenname keessa akka jiraatuus barsiisa.

Itti dabalees, Oromoon Maccaa mucaan tokko dhalatee/tee miseensa hawaasaatti gaafa dabalamuu/tu kaasee waan gaarii gochuufi dhiisuu kan ittiin toora qabsiisan safuu yaadaa, gochaafi safuu jechaa barsiisuutiin. Innis dhaloonni darbe, inni jiruufi fuulduratti jiraatu madaallii uumamaa kunuunsuun aadaafi itti fayyadama beekumsaa horachuun akka itti fufsiisuun tiksaniif falaasamni afoolaatti dhimma ba'uun barsiisaa ture.

## Yaboo

Sabni dinagdeedhaan guddateefi siyaasaan qaroome, kanneen guddinarra jiraniifi duubatti hafoo jedhaman marti aadaa keessa turaniifi jiraataa jiran, akkuma sadarkaa guddina isaaniitti beekumsa xabboo qaban guddifachaafi fooyyeffachaa adeeman malee kan tuffatanii gatan hinqaban. Kanaaf, beekumsi safuu xabboo kun gama BBO bal'inaan qoratamee sirna barnoota naamusaafi lammummaatti dabalamee barnoota sadarkaa tokkoffaatii kaasee osoo barsiifamee caasaa hawaasaa ijaaruu bira darbee ijaarsa biyyaaf bu'uura ta'a.

Seerri safuu walitti dhufeenya uumaafi uumama qajeelchu, tiksuufi to'achuuf humna guddaa akka qabu hubatameera. Keessattuu, qabeenya uumamaa (bineeldota, bineensota, simbirrootaafi biqiloota, …), naannoo (lafaafi laggeen) kunuunsee eeguuf seera Waaqaan kenname akka ta'e uummatichaan ni'amanama. Kanaaf, akka Biiroo Oromiyaatti ogessonni (qabeenya uumamaa, eegumsa naannoo, albuudaafi inerjii, kunuunsa

bosonaa…) ga'ee safuun xabboon qabu hubatanii itti fayyadama isa irratti osoo hawaasaaf leenjii hubannoo gabbisu kennamee guddina biyyaaf gumaacha guddaa qaba.

**Galata**

Deeggarsa maallaqaan kan natumse Yuunivarsiitii Wallaggaa; ragaalee naaf kennuun kan na deeggaran namoota Sirna Gadaarratti hubannoo qaban, maanguddootaafi hawwan ganda Haroo Caalchisiifi Daaloo Koomtoo guddaa haagalatooman.

**Wabiilee**

Absolon, K. (2010). First people's child and family review: *An Interdisciplinary Journal Honoring the Voices, Perspectives and Knowledges of First Peoples through Research, Critical Analyses, Stories, Standpoints and Media Reviews. V. 5. No. 2, pp. 74- 87.*

Addisalem Bekele and Rajani, KR. (2018). Indigenous religion and bing human: The case of 'Waaqeffannaa' religion of the Oromo people. *International Journal of Academic Research and Development,* 3, (2), No. 566-574, ISSN: 2455-4197 Impact Factor: RJIF 5.22 www.academicsjournal.com.

Asafa Jaleta (2012). "Gadaa (Oromo Democracy): An example of classical African civilization" *Sociology Publications and Other Works*. P.7-12 https://trace. tennessee.edu/utk_socopubs/80

Bartels, L. (1983). *Oromo religion: Myths and rite of the western Oromo Ethiopia*. Berlin: Dietrich Reinner.

Berg, B.L. (2001). *Qualitative research methods for social sciences*. (4th ed). Boston: Allyn and Bacon.

Creswell, J.W. (2014). *Research design: Qualitative, quantitative, and mixed methods approach.* (4thedition). London: Sage Publications, Inc.

Dasta Alamayo (2020). Indigenous Oromo morality as a solution to environmental problems. *International Journal of Innovative Science and Research Technology (IJISRT), Vol. 5, (10), 1262-1268. www.ijisrt.com*

Dasta Alamayo (2021). Safuu: The indigenous Oromo moral thought. *Journal of Philosophy and Culture. Vol.9(1), pp. 1-10, DOI: 10.5897/JPC2019.0046,* http://www.academicjournals.org/JPC

Denzin, N.K., and Lincoln, Y.S (eds). (2000). *Handbook of qualitative research*. (2nd ed). Thousand Oaks: CA Sage.

Dirribii Damissee (2012). *Ilaalcha Oromoo: Barroo aadaa, seenaafi amantaa Oromoo*. Finfinnee: D.G. printing and publishing Enterprise.

Eshete Gemeda (2022). "Post-empire events and relocating African protest literature: the analysis of eroic genres in a historical and political context." *Journal of Comparative Literature and Aesthetics*, vol. 32, no. 1-2, pp. 63+.

Gay, L.R., Mills, G.E., & Airasian, P. (2009). *Educational research: Competencies for analysis and applications*. (9th ed). Upper Saddle River, New Jersey: Pearson.

Gebeyehu Temesgen (2022). Dhibaayyuu: An indigenous thanks giving ritual among the Borana Oromo, Southern Ethiopia, *Cogent Social Sciences, 8 (1), 1-13* 2011540, DOI: 10.1080/23311886.2021.2011540

Gemechu Beyene and Asefa Tolera (2006). "Marriage practices among the Gidda Oromo: Northern Wollega, Ethiopia." *In journal of African Studies*, 15(3):240-255

Gemechu Jemal (2013). *Pilgrimages and Syncretism: Religious transformation among the Arsi Oromo of Ethiopia*. A dissertation submitted to university of Bayreuth.

Gemechu Kenea and Dereje Biru (2020). Some of the ritual practices in Oromo people: Guji Oromo in focus. *Journal of Indigenous Knowledge and Development Studies (JIKDS), 01(2), 1–22. http://213.55.95.79/ index.php/JIKDS/article/view/1012*

Gemechu Megersa (2005). The Oromo world-view. *Journal of Oromo Studies, 12(1&2), 68–79.*

Kidanuu Zallaqaa (2016). *Safuufi aadaa*: Finfinnee: Mana maxxansaa Salgii.

Melaku Getahun (2016). Oromo indigenous knowledge and practices in natural resources management: Land, forest, and water in Focus. *Journal of Ecosystem & Echography*, 6: 181 doi:10.4172/2157-7625.1000181

Misganu Gabayo (2020). Oromo traditional attitudes towards natural resource protection: The case of Abbay and Horro districts, western Ethiopia (forest, wildlife and soil in focus). *IOSR Journal of Humanities and Social Science (IOSR-JHSS), Vol. 25 (9), Series 1, 36-41*, doi: 10.9790/0837-2509013641 *www.iosrjournals.org*

Mohammed Hassen (2015). *The Oromo & the Christian kingdom of Ethiopia 1300-1700*. James Curry.

Muluken Kassahun (2021). *Gadaa system and women's rights the role of Oromo women's customary institutions in ensuring the protection of rights of women*. AAU: Center for the Advancement of Rights and Democracy.

Negasa Gelana (2022). Building peace by peaceful approach: The role of Oromo Gadaa system in peace-building, *Cogent Social Sciences*, 8:1, 2023254, DOI: 10.1080/23311886.2021.2023254 https://doi.org/10.1080/23311886.2021.202325

Shelema Regasa (2018). Oromo indigenous knowledge: Past experiences, current situation & future prospects for promoting sustainable sociopolitical development in Ethiopia. *Ethiopian Journal of Science and Sustainable Development (EJSSD), 5(1), 51–80. https://www. semanticscholar.org/*

Tenna Dawo (2013). "The concept of peace in the Oromo Gada system: Its mechanisms and moral dimention, cultural heritage and contemporary changes." *Series* II 15:159_184.

Tesema Ta'a (2012). Religious beliefs among the Oromo: Waaqeffannaa, Christianity and Islam in the context of ethnic identity, citizenship and integration. *Ethiopian Journal of the Social Sciences and Humanities*, 8(1), 87–111. https://www.ajol.info/index.php/ejossah/article/view/84373

Tesema Ta'a (2016). The Gadaa System and Some of Its Institutions Among the Booranaa: A Historical Perspective, *EJOSSAH, Vol. 12 (2),*

Wake Jeo (2019). "African philosophy on the way: Theorizing Oromo philosophy and theology of land (lafi keenya lafee keenya, our land is our bones)". *International Journal of Current Research, 11(11), 8021-8038. DOI: https://doi.org/10.24941/ijcr.37070.11.2019*

Wandimu Negash'fi Boonii Tasfayee (2015). *Seenaa fi Sirna Gadaa Oromoo Maccaa hanga Jarraa Jalqaba 20ffatti*, Biiroo Aadaa fi Tuurizimii Oromiyaa.

Workineh Kelbessa (2011). Indigenous and modern environmental ethics: A study of the indigenous Oromo environmental ethic and modern issues of environment and development: In cultural heritage and contemporary change series II. Africa, Volume 13, *Council for Research in Values and Philosophy*, Washington DC, 1-235. https://doi.org/10.1093/oxfordhb/9780195328998.003.0049

Workineh Kelbessa (2013). The Oromo conception of life: An introduction. *World View*, 17 (1), 60-76, https://www.jstor.org/stable/43809476, doi, 10.1163/15685357-01701006

Yadav, R.H. (2013). Medicinal plants in folk medicine system of Ethiopia. *Journal of Pisonous and Medicinal Plants Research,* Vol.1, (1), 7-11.